Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Yasuus Qilleensa Jabaa Gab Gochuusaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2022 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.



Yeroo bubbee jabaan ka'etti Yasusii fi duuka buutoti isaa bidiruu keessa tura. Qilleensi jabaan bishaanicha irratti ka'ee hamma dha'aan bishaanii bidirichanirra danbal'utti ga'e.

Qilleensi jabaan sun duuka buutotasaa sodaachise. Dhahaan qilleensaa bidruu haguuguun bishaan itti guute. Yasus garuu yeroo kana boraafatee bidirucha keessa rafee ture. Duuka bootisaa

Ysusiin in dammaqisan. Iyyanii gooftaa! Gooftaa! Dhumuuf jennaa nuoolchi jedhan.

“Isin warra amantii hir’uu, maaliif sodaattan?”
Isaaniin jedhee; yammus ka’ee qilleeensichaa
fi bishaanicha ifatee; gabii guddaanis ta’e.

QILLEENSI CAL JEDHE ……
DANBALIIN BISHAANII GAB JEDHE .



Duuka buutoti dinqiisifachaa “Eenyutu kana gochuu danda’a qilleensi fi galaanni iyyuu in abboomamaaf,” jedhan.



Yeroo muraasa booda Yasus yeroo ko'ommannaa biraatu isa qaqqabe. Lafa onaa keessaatti namoota 5000 ol isa Yasus faana bu'anii turan. Humna Waaqayyootiin Yasuus laaqana mucaa tokko namoota baayyeen akka nayaatan taasise. Galgala namooti Yasuus irraa akka deeman taasise.

Duuka buutoti isaa bidiruu irraa bu'an. Yasus akka isaan itti deeb'an taasisuun isa dura bu'uun gara qarqara galaan Galiilaa biroo deeman.





Yeroo tuuta akka deeman taasise kadhachuuf gara gaaraatti ol ba'e. Yeroo halkanaa'u inni kophaasaa achi jira.

Haroo irra, Duuka buutoti isaa bubbee galaanaatiin qabamaniiru. Bishaanicha ce'uuf bubbeen isaan dhowweera, sa'aa tokkof isaan dhaabe.

Duuka buutoti hin barre ture, garuu ajaa'ibsiifannaa guddaa keessa turan.

Ganama keessa
sa'aa sadii haga
ja'aa gidduu ture,
yeroo dhaha
galaanaa giddu
galeessa jiru,
duuka boototi
sodaan guutaman
"Innis ekeraa!"
jechuun iyyan.

Garruu inni Yasusi, Waaqa isaaniiti, gara isaaniitti dhufe, BISHAAN IRRA DEEMAA.

“Gammadaa!” Yasus isaan waame. “Innoo Ana hin sodaatinaa.” Pheexiroos deebisee, “Gooftaa erga si ta’e akkan gara kee bishaan irra deemee akkan dhufuuf na ajaji,” jedhe. Yasuus “Kottu” jedheen. Gootummaan isaan bidiruu keessaa ba’ee bishaanirra gara Yasuus itti deemuuf eegale.

Garuu yeroo bubbeen galaanaa bidhaa darbatu argee, Pheexiroos waan sodaateef liqimfamuu eegale. Hin iyye "Gooftaa, na oolchi!" jedhe.

Akkuma sanaan, yasus harka isaan hiixatee Pheexiroosiin qabe. "Nama amantii hir'uunana, maaliif shakkite?" jedhee gaafateen. Yeroo Pheexiroosii fi Gooftaan Yasuus bidiruu keessa seenan bubbeen galaana irraa in dhaabbate.

Achii booda “Ati ilma
Waaqayyoo isa dhugaa
dha,” jechuun bidiruu
keessa kan jiran
Yasusiin waaqessan.

Yasuus Qilleensa Jabaa Gab Gochuusaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Maatoyoos 8, 14; Maarkoos 4; Luqaas 8

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16